Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022

AFAAN OROMOO


KITAABA BARATTOOTAA

Akka Afaan Lammaffaatti

Gatii.

AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA




Akka Afaan Lammaffaatti

KUTAA 8

AFAAN OROMOO KUTAA 7

Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu hapheessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

Afaan Oromoo

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 8

Barreessitoota

Gosaa Buraayyuu
Tsahaay Baay'isaa

Gulaaltota

Abaadir Abraahim
Taaddasaa Deettii

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii
Dastaa Taaddagee

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Fakkibsa

Buzaayyoo Girmaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

Qabiyyee **Fuula**

1. **BOQONNAA 1:** AYYAANOTA UMMATAA 1
2. **BOQONNAA 2:** TOLA OOLTUMMAA.....12
3. **BOQONNAA 3:** BINEELDOTA.....22
4. **BOQONNAA 4:** DHUKKUBOOTA DADDARBOO 33
5. **BOQONNAA 5:** SHEEKKOO 40
6. **BOQONNAA 6:** TURIIZIMII 52
7. **BOQONNAA 7:** FALMII 62
8. **BOQONNAA 8:** FAYYADAMA TEEKINOOLOOJII.....70

BOQONNAA 1: AYYAANA UMMATAA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu





Gilgaala 1. Gaaffilee armaan gadiirratti lama lamaan mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Ayyaanota naannoo keetti kabajaman maalfaa beekta?
2. Ayyaanonni ati beektu yeroo akkamii kabajamu?
3. Waa'ee Ayyaana Irreechaa maal dhageessee beekta?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.

1. Irreechi waqtii kabajamu irratti hundaa'uun bakka meeqatti qoodama?
2. Irreechi Birraa eessatti kabajama?

3. Irreechi Arfaasaa yoom kabajama?

4. Irreechi Arfaasaa eessatti kabajama?

Gilgaala 3

A. **Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.**

1. Irreechi Birraa ji'a Eblaa keessa kabajama.

2. Irreechi Arfaasaa malkaatti kabajama.

3. Ayaanni Irreechaa waggaatti si'a lama kabajama.

B. **Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin dareef ibsaa.**

1. Ayyaanota naannoo keessanitti kabajaman keessaa tokko walitti himaa. Ayyaanni filattan kun maaliif kabajama? Eessatti kabajama? Yoom kabajama?

2. Dubbisa dhaggeeffattan irraa maal hubataan?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii irratti lama lamaan mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Ayyaanni waaqeffannaa naannoo keessanitti kabajamu jiraa? Yoo jiraate akkamitti kabajama?

2. Hiikni jechoota armaan gadii dubbisa keessatti maal ta'uu mala jettu?

   a. malkaa _____

   b. tulluu _____

c. kabajuu _____

d. waaqeffachuu _____





Gilgaala 5

Dubbisa kenname dubbisaa bakka duwwaa himoota asii gadii guuti.

1. Ayyaanni Irreechaa sirna _____ ummanni Oromoo gamtaadhaan bahanii Waaqa kadhataniifi galateeffataniidha.
2. Irreechi _____ yeroo birraan bari'u dhuma ji'a Fulbaanaa

keessa malkaatti bahamee kan kabajamudha.

3. Irreechi _____ immoo, waqtii Arfaasaa ji'a Eblaa keessa tulluurratti kan kabajamudha.

Ayyaana Irreechaa

Ummanni biyya keenyaa sirnoota hedduu qaba. Sirnoota kanneen keessaa tokko Ayyaana Irreechaati. Ayyaanni Irreechaa Ayyaana waaqeffannaati. Ayyaana sabni **gamtaadhaan** bahee Waaqa kadhatuufi galateeffatuudha. Ayyaanni kun Irreecha Malkaafi Irreecha Tulluu jedhamuun bakka lamatti qoodama.

Irreechi Malkaa Birraa, ji'a Fulbaanaa keessa, malkaatti kabajama. Ummanni kabajaaf ba'u, **ililliif**i marga jiidhaa yookaan coqorsa harkatti qabata. Waaqa dukkanaafi bacaqii Gannaa keessaa baasee booqaa Birraan isa gahe galateeffachuuf kabaja. Akkasumas, midhaan faca'ee daraare **firii** gaarii akka godhatu Waaqa kadhachuuf sirni kun raawwatama.

Irreechi Tulluu immoo, Arfaasaa ji'a Eblaa keessa tulluurratti kabajama. Ayyaana kanarratti ummanni tulluutti bahuun Waaqni akka bubbeefi rooba hamaarraa **baraaru** kadhata. Yeroo ammaa ayyaanni kun guyyaa waaqeffannaa qofa osoo hintaane, guyyaa hawaasni kallattii **mara** irraa walitti dhufee seenaa, aadaa, duudhaa, tokkummaafi eenyummaa isaa addunyaatti ibsu ta'ee jira.

Walumaagalatti, Irreechi sirna Oromoon waggaatti yeroo lama malkaafi tulluutti bahuun kabaju. Akkasumas, ayyaana beekkamaafi jaalatamaadha. Kanaafuu, ayyaana kana kunuunsuun dhalootaa dhalootatti dabarsuun barbaachisaadha. Addunyaa irratti beeksisuunis gahee hunda keenyaa ta'uu qaba.

Gilgaala 6

A. **Dubbisa oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

1. Namoonni Ayyaana Irreechaa kabajuuf deman maal harkatti qabatu?
   A. Ilillii
   B. Coqorsa
   C. Marga
   D. Hundi deebiidha
2. Yaanni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
   A. Waa'ee Irreecha Malkaa
   B. Waa'ee ililliifi margaa
   C. Waa'ee Irreecha Tulluu
   D. Afi C
3. Irreechi Tulluu maaliif kabajama?
   A. Waaqni bubbeefi rooba hamaarraa akka baraaru kadhachuuf
   B. Waaqni midhaan firii gaarii akka kennu kadhachuuf
   C. Bacaqii Gannaa keessaa waan baaseef galateeffachuuf
   D. Afi B
4. Waa'ee Ayyaana Irreechaa ilaalchisee kamtu dhugaadha?
   A. Ayyaanni Irreechaa ayyaana waaqeffannaati.
   B. Ayyaanni Irreechaa ayyaana kadhannaati.
   C. Ayyaanni Irreechaa ayyaana galateeffannaati.
   D. Hundi deebiidha.

B. **Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef dhiyeessaa.**

1. Ayyaana Irreechaa ummata addunyaatti beeksisuun bu'aa maal qaba?
2. Ayyaanni Irreechaa akka beekamuuf maaltu raawwatamuu qaba jettee yaadda?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

Jechoota armaan gadii hiika fakkaattii isaaniitiin walitti firoomsi.

A		B	
1.	Ilillii	A.	baay'ee
2.	firii	B.	tokkummaa
3.	gamtaa	C.	ija
4.	hedduu	D.	daraaraa/abaaboo
5.	baraaruu	E.	hunda
6.	mara	F.	oolchuu/ ittisuu

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. **Jechoota armaan gadii keessaa kanneen sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasii barreessi.**

kabaja	coqorsa	aadaa	kadhata	duudhaa
mara	booqaa	jiidha		
seenaa	galata	bona	qooduu	

Sagalee gabaabaa	**Sagalee dheeraa**
Fkn. **bona**	Fkn. **booqaa**
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____

Fakkeenya armaan gadiirratti hundaa'uudhaan jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban hanga beektu barreessi.

Gabaabaa	Dheeraa
Fkn. lafa	**Fkn**. laafaa
laga	laagaa
1. _____	_____
2. _____	_____
3. _____	_____
4. _____	_____

B. **Jecha sirrii filachuun bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.**

1. Eebbiseen Ayyaana Irreechaa kabajuuf _____ Hora Harsadee deemte.

   A) gaaraa B) gara C) garaa D) gaarraa

2. Namichi foon dheedhii waan nyaateef, _____ isaa dhuk-kube.

   A) gara B) gaara C) garaa D) gaaraa

3. Tolaan bishaan waraabuuf _____ bu'e.

   A) laga B) laagaa C) lagaa D) laaga

4. Sangaan marga dheeda; re'een garuu, _____nyaatti.

   A) ballaa B) baalaa C) baala D) bala

5. Ofeeggannoo malee konkolaataa oofuun _____f nama saaxila.

   A) bala B) baalaa C) baala D) balaa

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 9

A. Fakkeenyaafi ibsa kenname irratti hundaa'uun himoota dhiyaatan keessaa maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii adda baasii barreessi.

Fakkeenya,

. Boontuun uffata uffatte.

Boontuu: maqaa dhunfaati.

uffata: maqaa waliiniiti.

1. Caaltuun kitaaba dubbisti.

   Maqaa dhuunfaa: _____

   Maqaa waliinii: _____

2. Magarsaan nama jaallata.

   Maqaa dhuunfaa: _____

   Maqaa waliinii: _____

3. Irreechi ayyaana beekamaadha.

   Maqaa dhuunfaa: _____

   Maqaa waliinii: _____

4. Finfinneen magaalaa guddoodha.

   Maqaa dhuunfaa: _____

   Maqaa waliinii: _____

B. Jechoota armaan gaditti kennaman maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii jalatti ramadi.

leenca	sangaa	Jimma	Awaash
baala	dhiira	Boontuu	muka
Oromiyaa	buna	Lalisee	Leensaa

Maqaa dhuunfaa	Maqaa Waliinii
1. _____	_____
2. _____	_____
3. _____	_____
4. _____	_____
5. _____	_____
6. _____	_____

Yaadannoo

Maqaan jecha namni, wanti yookaan bakki tokko ittiin waamamu. Maqaan dhuunfaa kan namniyookaan bakki tokko dhuunfaadhaan ittiin waamamu. Fakkeenyaaf, Tolaa, Finfinnee, Jimmaafi kanneen kana fakkaatan. Maqaan waliinii ammoo, kan wantoonni yookaan bakkeewwan waliin ittiin waamamani. Fakkeenya, nama, laga, muka … kan kana fakkaatan.

Barannoo 6: Afoola

Tapha ijoollee



Gilgaala 10. Tapha asii gadii dhuunfaan erga dubbistee booda cimdiin taphadhaa.

Taphni **"Kan golee maali?"** jedhamu namoota lamaan bifa gaaffiifi deebiin taphatama. Gaaffiifi deebiin kun saffisaan gaggeeffama. Namni gaafatu gaaffii dogoggorsiisaa gidduun yommuu gaafatu, namni gaafatamu gaaffii kanaaf deebii sirrii yoo kennuu baate nimoo'atama.

Fakkeenyaaf,

. **Gaafataa**	**Gaafatamaa**
Kan golee maali?	Eelee
Kan golee maali?	Gemmii/Sumsuma
Kan golee maalii?	Okkotee
Akkoon kee maalii?	**Nama**
Akkoon kee maalii?	**Jabanaa X**

BOQONNAA 2: TOLA OOLTUMMAA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1. Dubbisa siif dubbifamu osoo hindhaggeeffatin dura, gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Yeroo boqonnaa keetii maalfaa hojjetta?
2. Namoota dhuunfaaf yookaan hawaasaaf hojii gaarii hojjettee beektaa? Maalfaa akka hojjette hiriyaa keetti himi.
3. Fakkiiwwan armaan gadiirraa maal hubatta?



Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Tola ooltummaa jechuun maal jechuudha?
2. Hojiin tola ooltummaa maalfaa ofkeessatti hammata?
3. Hojiin tola ooltummaa faayidaa akkamii qaba?

Gilgaala 3

A. **Gaaffilee asiin gadii yaada dubbisa dhaggeeffatte keessaa argatte irratti hundaa'uun deebisi.**

1. Hojii gaariin maalfaa ofkeessatti hammata?
2. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal baratte?

B. **Waliin dubbii armaan gadii jalqabame yaada mataa keetiin xumuri.**

Tolasaa: Akkam bulte, Leense?

Leensee: Akkam bulte, Tolasa? Fayyaa keetii?

Tolasaa: Ani fayyaa kooti. Barnoonni akkami?

Leense: Barnoonni baay'ee gaariidha.

Tolasaa: Dhaamsa Barsiistuu Tolashiin dabarsan sana akkamitti ilaalte ati?

Leensee: Waa'ee tola ooltummaa moo?

Tolasaa: Eeyyee. Yeroo boqonnaa kee maalfaa hojjechuuf yaadde?

Leensee: Nama gargaaruu.

Tolasaa: Nama akkamii?

Leensee: Manguddoota.

Tolasaa: Gaariidha.

Leensee: Ati hoo yeroo boqonnaa keetii maal hojjachuu yaadde?

Tolasaa: Ani ----------

- ----------

Leensee: ----------

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisin gaaffilee armaan gadiirratti mariyadhaa.

1. Naannoo keetti namoota hojii tola ooltummaaa hojjachuun beekaman eenyufaa beekta?
2. Fakkiiwwan armaan gadiirraa maal hubatte?





Gilgaala 5. Dubbisa itti aanee jiru saffisaafi callisaan dubbisaa gaaffilee dhiyaatan akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Abbabach Goobanaa bakka _____jedhamutti dhalatte.
2. Abbabach Goobanaa bara kam dhalatte?
3. Hojiin tola ooltummaa maqaan Abbabach ittiin ka'u maal fa'i?
4. Abbabach gaafa guyyaa jalqabaa daa'imman meeqa fudhattee galte?

5. Dhaabbanni maqaa Abbabch Goobanaatiin waamamu maalfaa hojjechaa ture?

Abbabach Goobanaa

Abbabach Goobanaa abbaa ishee Obbo Goobanaa Heeyyiifi haadha ishee aadde Wasanee Birruu irraa bara 1935 keessa dhalatte. Bakki dhaloota ishee Godina Shawaa Kaabaa, aanaa Giraar Jaarsoo bakka Shabal edhamudha. Abbabach hojii tola ooltummaa hedduu hojjatteen maqaan ishee akka fakkeenyaatti ka'a. Hojiin tola ooltummaa maqaan Abbabach Goobanaa ittiin ka'u keessaa tokko namoota harka qalleeyyiifi ijoollee haadhaafi abbaa hinqabne **kunuunsuudha.**

Hojii Abbabach hojjachaa turteef kan akka jalqabaatti **eeramu taatee** bara 1970 keessa ishee mudate. Bara kana gara Gisheen Maaram deemtee osoo deebi'aa jirtuu daa'ima baay'ee miidhamte agarte. Daa'imni tun haadha sababa **hongeetiin** duute harma hodhaa turte. Abbabachis kana argitee bira darbuu hindandeenye. Fudhattee xiqqoo akkuma deemteen ammas kan biraa argite; isaas dabaltee daa'imman lama fudhattee galte. Kana booda, haaluma walfakkaatuun, waggaa tokko keessatti daa'imman 21 walitti qabuun kuunuunsuu itti fufte.

Abbabach hojii tola ooltummaa kana itti fufuudhaan bara 1977 keessa **dhaabbata** maqaa isheetiin waamamu hundeeffatte. Dhaabbatni ishee kunis, **harka qalleeyyii bayyanachiisuu**, ijoollee maatiin irraa du'an guddisuu, barsiisuu, tajaajila fayyaa **haawwaniif** kennuufi kan kana fakkaatan raawwachuun hojii kana babal'isaa ture.

Sababuma hojii gaarii hojjachuu kanaatiin Abbabach 'MaariyaaTeereezaa Afrikaa jedhamuun beekamte. Yunivarsiitii Finfinneefi Sagantaa Nyaataa Addunyaarraa badhaasa meedaaliyaa badhaafamte. Yunvarsiitiin Jimmaas

doktorummaa kabajaa kenneefii ture. Doktor Abbabach hojii eebbifamaa kana erga hojjachaa turtee booda bara 2013 addunyaa kanarraa du'aan boqotte. Garuu, hojiin ishee yoomiyyuu hindagatamu.

Gilgaala 6

A. **Dubbisa oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.**

1. Abbabach Goobanaa badhaasa doktarummaa kabajaa eenyurraa argatte?

   A. Yunivarsiitii Finfinnee

   B. Yunivarsiitii Jimmaa

   C. Sagantaa Nyaataa Addunyaa

2. Haati daa'ima jalqaba Abbabach argitee sababa maaliif duute?

   A. dhukkuba B. waraana C. hongeee

3. Abbabach waggaa jalqabaa daa'imman meeqa kunuunsuu eegalte?

   A. 21 B. 2 C. hinbeekamu

4. Badhaasa medaaliyaa eenyutu kenneef?

   A. Yunivarsiistii Finfinnee

   B. Sagantaa Nyaataa Addunyaa C. A fi B

5. Dhaabbatni maqaa Abbabach Goobanaatiin waamamu bara kam hundeeffame?

   A. 1970 B. 1977 C. 1935

B. **Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Abbabach akka hojii tola ooltummaa jalqabdu kan taasise maali?
2. Osoo si ta'ee Abbabachiin maal badhaasta?
3. Ati gara fuulduraatti hojii tola ootummaa akkamii hojjachuu feeta?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa olii keessatti qaban filachuun deebisi.

1. **Harka qalleeyyii**
   A. dureeyyii B. hiyyeeyyii C. sooreyyii
2. **Haawwan**
   A. haadholii B. abbootii C. ijoollee
3. **Hongee**
   A. rooba B. caamsaa C. quufa
4. **Bayyanachiisuu**
   A. baay'isuu B. tiksuu C. rakkoo keessaa baasuu
5. **Dhaabbata**
   A. jaarmiyaa B. mana jireenyaa C. gargaarsa
6. **Eeramuu**
   A. du'uu B. maqaa dhahamuu C. filatamuu
7. **Taatee**
   A. gocha raawwatame B. gammachuu C. gadda

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Jechoota asii gaditti kennaman irraa jecha sagalee jabaa qabu baasii barreessi.

Fakkeenyaaf,

Qore qorre

1. damee _____
2. badaa _____
3. sodaa_____
4. haree_____
5. heduu_____

B. Filannoowwan kennaman keessaa jecha sirriitti bakka duwwaa guutu filachuun deebisi.

1. Tolaan bishaan _____ dhuguu jaallata.
   A. qooraa B. qoraa C. qorraa
2. Weenniin _____ mukaarra taa'a.
   A. damee B. dammee C. dame
3. Caaltuun daree _____ teessee qo'atti.
   A. keesaa B. keessa C. kessa
4. Obbo Burqaan _____ bitatan.
   A. qawee B. qaawee C. qawwee
5. Boontuun ciree ishee _____ gara mana barnootaa deemte.
   A. nyaattee B. nyaatee C. nyaate

C. Keeyyata armaan gadii keessaa walqabsiistota jiran adda baasi.

Aadde Qumbeen dubartii kaamettiidha. Abbaa warraa isheefi ijoollee ishee wajjin godoo yookaan mana xiqqoo keessa jiraatu. Firri isaan gargaaru waan hin jirreef, waanuma qaban qusataanii ittiin jiraatu. Kan

namatti tolu garuu, jaalala ho'aa waliif qabu. Namoota biraatti ammoo hiyyummaa jaraa qofaatu itti mul'ata.

Yaadannoo

Akkaataa galumsa tuqaalee himoota armaan gadii keessaa gareedhaan ilaalaa.

a. *Boonaan ganamaan dhufe.*
b. *Bultuun eessa deemte?*
c. *Maal bareedinni akkasii!*
d. *Aadde Tolasheen suuqii deemtee buna, saamunaa, sukkaaraafi kophee bittee galte.*

D. Himoota armaan gadii keessatti tuqaalee sirrii ta'an galchii barreessi.

1. Badhaasaan funyaaniin dubbata
2. Hiriyyaa kee barbaaddadhu
3. Nama gaarii maaf rakkisuu
4. Adeemsa baddee gufuun na rukute jetti
5. Boontuun hoolaa harree qotiyyoofi hindaaqqoo danuu qabdi

Barannoo 5: Caasluga

Maqibsa

Maqibsi hima Afaan oromoo keessatti maqaatti aanee galuun maqicha kan ibsuudha. Innis, bifa, hanga, amalaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.

Fakkeenyaaf,

1. Mucaa <u>diimaa</u> argtan. (kan jala murame kun maqibsa. Innis, bifa mucaa ibsa.)

2. Ummanni nama gaarii jaalata. (kan jala murame kun maqibsa. Innis, amala agarsiisa)
3. Mucayyoo guddoon heerumte. (kan jala murame kun maqibsa hangaati).

Gilgaala 9. Himoota asii gadii keessaa maqibsa baasii barreessi.

1. Biqilaan mucaa dheeraa waame.
2. Namicha bareedaa waame.
3. Nama dallanaa maaliif waamte?
4. Jaallataan muka dabaa mure.
5. Sangaa furdaan qaba.

Barannoo 6: Afoola

Mammaaksa

Gilgaala 10

A. Mammaaksota 'A' jalatti tarreeffaman hiika isaanii kanneen 'B' jala jiraniin walitti firoomsi.

A	B
1. Yeroon soratan dukkana daakkatu.	A. Funyaan rukutamnaan ijji imimmaan buuste.
2. Wiixaan lagaa gubannaan gingilchaa manaa booche.	B. Tattaafatan malee rakkoo keessaa hinba'ani.
3. Irreen socho'u, illeen socho'a.	C. Yoo qophaa'an hojiin nama hindhibu.
4. Dhiittatan dhiittaa kutatan.	D. Hojjatan malee nyaachuun hindanda'amu.

B. Mammaaksota armaan gadiitiif hiika madaalu kenni.

1. Hamma namaa hin geessu; cabsa namaa hinteessu.
2. Wal fakkaattiin wal barbaaddi.
3. Utuufi eegeen booddee deemti.
4. Qunceen walgargaartee arba hiiti.

BOQONNAA 3: BINEELDOTA

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1.Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaanin dareef gabaasaa.

1. Bineeddaan maali?
2. Bineeddota biyya keenyaa keessaa maalfaa beektu?
3. Maqaan bineensotafakkii armaan gadiirratti dhiyaatanii maali?






Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gabatee armaan gadii keessatti odeeffannoo barbaachisu guuti.

TL	Maqaa bineensaa	Bakka itti argamu	
		Naannoo	Paarkii
1	Jeedala fardaa	Oromiyaa	
2	Waaliyaa		
3	Jaldeessa cilaadaa		
4	Gadamsa		Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee

Gilgaala 3

A. **Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e, "Dhugaa" kan sirrii hintaane "Soba" jechuun deebisi.**

1. Jeedalli fardaa naannoo Amaaraa keessatti argamti.
2. Gadamsi Paarkii Biyyoolessaa Gaarren Baalee qofa keessatti argama.
3. Jaldeessi cilaadaa Gaarreen Kaabaa keessatti ni'argama.
4. Waaliyaafi jaldeessi cilaadaa naannoo Amaaraa keessatti argamu.

B. **Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun deebii keessan dareef dhiyeessaa.**

1. Dubbisa dhaggeeffatterraa maal hubatte?
2. Bineeddonni biyya keenyaaf faayidaa akkamii qabu?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaanin deebisaa.

1. Bineensonni gurguddoon naannoo keessanitti argaman maal fa'i?
2. Maqaa bineensota armaan gadii maali? Maal sooratu?



Gilgaala 5. Dubbisa dhiyaate dubbisaa gabatee armaan gadii odeeffannoo barbaachisuun guuti.

TL	maqaa bineensotaa	bakka jireenyaa	soorata
1	leenca		
2	gafarsa		
3	arba		
4	jaldeessa		
5	hardiidoo		
6	naacha		

Bineensota

Biyya keenya keessatti bineensota gurguddoo hedduutu argamu. Bineensonni kunniin bakkaafi haala jireenyaatiin akkasumas, soorataan garaagarummaa qabu. Iddoo jireenyaatiin bakka sadiitti qoodamu: kan lafarraa jiraatan, kan bishaan keessa jiraataniifi lafarraafi bishaan keessa jiraatan. Haaluma walfakkaatuun, soorataanis bineensonni kunniin iddoo saditti ramadamu. Isaanis, kan biqiltoota sooratan, kan foon soorataniifi lachuu kan sooratani. Akkaataa jireenya isaanii yoo ilaalle bineensonni hangi tokko **gurmuu**n, kan hafan immoo dhuunfaan jiraatu.

Bineensota lafarra yookaan **dachee** irra jiraatan keessaa leenca, qeerransa, waraabessa, arba, gafarsaafi booyyee **maqaa dha'uun** nidanda'ama. Qurxummiiwwan guutummaan guutuutti bishaan keessa kan jiraatan yemmuu ta'u, bineensonni akka naachaa, qocaa, roobifi raachaa immoo, lafarraafi bishaan keessa jiraachuu danda'u. Jaldeessi, weennii, gafarsiifi hardiidoon bineensota gurmuun jiraatan keessatti ramadamu. Qeerransi, bosonuufi kurupheen immoo, warra dhuunfaan jiraatan keessatti ramadamu.

Gama biraatiin, bineensonni akka leencaa, qeerransaa, naachaafi, wangoo foon qofa nyaatu. Warri biqiltoota qofa sooratan immoo, gafarsa, sattawwaa, gadamsa, hardiidoo, arba, kuruphee, bosonuufi borofa eeruun nidanda'ama. Jaldeessaafi booyyeen fakkeenya bineensota akaakuu sooratan lachuu nyaatan ta'uu danda'u.

Gilgaala 6

A. **Maqaa bineensotaa roga "A" jala jiraniifi fakkiiwwan roga "B" jalatti kennaman walitti firoomsi.**

A	B
1. Weennii	
2. Qamalee	
3. Qocaa	
4. Arba	
5. Guchii	

B. **Dubbisa dubbisteerratti hundaa'uudhaan gaaffiilee armaan gadiitiif afaaniin deebii kenni.**

1. Bineensonni gurguddoo Itoophiyaa keessatti argaman maal fa'i?
2. Bineesonni eessafaa jiraachuu danda'u?
3. Bineensonni haala soorannaa isaaniitiin bakka meeqatti qoodamu? Isaanis eenyu fa'i?
4. Bineensonni gareefi dhuunfaadhaan jiraatan maal fa'i ?
5. Naannoo keetti bineensonni bineensota biroo nyaachuun jiraatan isaan kami?

C. **Yaada dubbisa armaan olii irratti hundaa'uudhaan gaaffilee armaan gadii deebisi.**

1. Yaanni keeyyata lammaffaa dubbisichaa isa kami?
   A. Akkaataa nyaata bineensotaa
   B. Akkaataa jireenya bineensotaa
   C. Bakka jireenya bineensotaa
   D. Bfi C deebiidha.
2. Yaanni keeyyata sadaffaa maali?
   A. Bakka jireenya bineensotaa
   B. Haala soorata bineensotaa
   C. Faayidaa bineensotaa
   D. Deebiin hinkennamne.
3. Yaada dubbisa asii olii cuunfuun himi.

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7. Hiika jechoonni roga 'A' jala jiranakkaataa galumsaa dubbisa dubbiste keessatti qaban kanneen roga 'B' jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

A	B
1. gurmuu	A. nyaata
2. soorata	B. lafa
3. dachee	C. garee/ hoomaa
4. madda	D. burqaa
5. shoora	E. gahee
6. dhuunfaan	F. qofaan

Barannoo 4: Barreessuu

Irrabutaa

Jecha gidduutti dubbifamtoonni akaakuu adda addaa lama walitti aananii yoo dhufan sagaleen uumamu irrabuta jedhama.

Fakkeenya, morma, jilba, farda…

Gilgaala 8

A. Jechoota armaan gadii keessaa kanneen sagalee irrabutaa qaban adda baasii barreessi.

marga	leenca	qocaa	weennii	wangoo
hardiidoo	gafarsa	jaldeessa	qamalee	waraabessa
qeerransa	arba			

B. Jechoota sagalee irrabutaa qaban shan barreessii dareef dubbisi.

Fakkeenyaaf, humna, morma

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Barannoo 5: Caasluga

Gochima

Gochimni hima keessatti jecha gocha raawwatame tokko agarsiisudha.

Fakkeenya,

a. Tolosaan ***deeme***.

Hima kana keessatti gochi raawwatame deemuudha.

b. Leenci ***du'e***.

Hima kana keessatti immoo, gochi raawwatame du'uu leencaati.

c. *Meetiin biqiltuu* ***dhaabde***.

Hima kana keessatti gochi raawwatame biqiltuun dhaabamuudha.

Kanaafuu, himoota olii keessatti jechoonni jala muraman gochima jedhamu. Hima Afaan Oromoo keessatti gochimni yeroo baay'ee dhuma himaarratti argama.

Gilgaala 9. Himoota armaan gadii keessatti gochima jala sararuun agarsiisi.

Fakkeenya,

1. Biqilaan hoolaa bite.
2. Boontuun kaleessa dhufte.
3. Caaltuun bofa ajjeeste.
4. Adurreen hantuuta nyaatte.

5. Hoolaan bishaan dhugde.
6. Boontuun kitaaba dubbiste.
7. Barattoonni kubbaa miilaa taphatan.

Barannoo 6: Afoola



Hibboo

Gilgaala 10

A. Fakkeenya armaan gadii hordofuun hiriyaa kee waliin hibboo wal gaafadhu.

Feeneet: Hiibboo.

Abdii: Hibbaka.

Feeneet: Harkaan facaasee ijaan funaana.

Abdii: qamadii.

Feeneet: Sirrii miti.

Abdii: boqqolloo

Feeneet: sirrii miti.

Abdii: Hinbeeku,

Feeneet: Biyya naaf kenni.

Abdii: Finfinnee fudhu.

Feeneet: Deebiinsaa, barreessuufi dubbisuudha.

B. Hibboowwan armaan gaditti dhiyaataniif, deebii sirrii ta'e filadhuu deebisi.

1. Foon mataatti baata; ofii hinnyaatu; namaa hinlaatu.

A. sangaa B. adurree C. kormaa lukkuu

2. Godoon gamaa balballi ishee lama.

A. qaawwa manaa

B. funyaan

C. foddaa

3. Harkaan facaasanii, ijaan funaanan.

A. barreeffama dubbisuu

B. sanyii facaasuu

C. huccuu hodhuu

4. Afur ta'anii boolla tokkotti fincaa'u.

A. mucha sa'aa

B. quba harkaa

C. maasaroo

C. Hibboowwan armaan gadii jechoota yookaan gaaleewwan sirrii ta'aniin xumuruun barreessi.

Fakkeenya,


Ulee abbaan koo naa mure hincabus; _____.

Ulee abbaan koo naa mure hincabus; hindabus.

1. Amma majii geessi; biyya _____.
2. Wajjin nyaanna hoo _____?
3. Ani karaan deemaa; ati_____?
4. Ciisu akka reeffaa; ka'u _____.
5. Yeroo mana seenu ala ilaala; yeroo ala bahu _____.

BOQONNAA 4: DHUKKUBOOTA DADDARBOO

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



Gilgaala 1. Gaaffiilee asii gadiirratti hiriyaa kee waliin mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Naannoo keessanitti dhukkuboonni daddarboon beekaman maal fa'i?
2. Dhukkuboonni kunniin karaa kamiin daddarbu?

Gilgaala 2. Waliin dubbii siif dubbifamu dhaggeeffachaa yaada sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Dhukkubni sombaa maayikroo vaayirasii irraa nama qaba.
2. Dhukkubni sombaa namarraa namatti nidaddarba.
3. Mallattoolee dhukuba sombaa keessaa inni guddaan gubaa lapheeti.

Gilgaala 3 .Gaaffilee kanaa gaditti dhiyaatan lama lama ta'uun waliin hojjedhaa.

1. Dhukkubni sombaa akkamitti daddarbuu danda'a?
2. Namni dhukkuba sombaatiin qabame mallattoo akkamii agarsiisa?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffilee kanaa gadiirratti lama lamaan mariyacuun waan irratti walii galtan dareef ibsaa.

1. Waa'ee dhukkuba koronaa maal beektu?
2. Namni dhukkuba koronaatiin qabame mallattoo akkamii agarsiisa?

Gilgaala 5. Waliin dubbii isiniif dhiyaate dubbisaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Koronaan, dhukkuba_____ namaarratti dhiibbaa hamaa geessisu.
2. Dhukkubni kun hafuuraan, _____ qaamaafi kan kana fakkaataniin daddarba
3. Mala koronaa ittiin ittisan keessaa tokko _____dhaan dhiqachuudha.

Dhukkuba Koronaa

Weerarri vaayirasii koronaa yaaddoo guutuu addunyaa ta'aa jira. Karaa inni ittiin daddarbu hedduudha. Malli ittiin ofirraa ittisani hedduudha. Asii gaditti Abdiifi Daraartuun waa'ee koronaa irratti waliin haasa'an. Abdiin barataa kutaa saddeetiiti. Hiriyyaa isaa Daraartuu wajjin waa'ee dhukkuba koronaa irratti waliin dubbii geggeessu.

Abdii: Nagaa ooltee, Daraartuu?

Daraartuu: Nagaa kooti, Abdii.

Abdii: Koronaan maali?

Daraartuu: Koronaan, **dhukkuba** hargansuu namaarratti dhiibbaa hamaa geessisu.

Abdii: Mallattoon isaa maali?

Daraartuu: Gubaa qaamaa, bowwuu mataa, qufaa gogaafi kan kana fakkaatan. Itti aansuun ammoo, sirna **hargansuurratti** rakkoo uuma.

Abdii: Akkamitti daddarba?

Daraartuu:Hafuuraan, tuttuqqaa qaamaafi kan kana fakkaataniin.

Abdii: Akkamitti ofirraa **ittisuun** danda'amaree?

Daraartuu: Harka ofii saamunaan **dhiqachuu**, **haguuggii** funyaaniifi afaanii kaawwachuuufi kan kana fakkaataniin ofirraa ittisuun nidan-da'ama.

Abdii: Galatoomi!

Daraartuu: Tole,atis fayyaa ta'i!

Gilgaala 6

A. **Waliin dubbii armaan oliirratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.**

1. Abdiifi Daraartuun kan waliin dudubbatan ganama yookiin waaree dura.
2. Mallattoon dhukkuba koronaa qufaa gogaa qufaasisuu qofa.
3. Haguuggii afaaniifi funyaanii kaawwachuun dhukkuba koronaa ittisuuf nigargaara.

B. **Gaaffilee kanaa gadiirratti gareen mariyachuun waan irratti walii galtan dareef dhiyeessaa.**

1. Waliin dubbii asii olitti dhiyaaterraa maal hubatte?
2. Nama dhukkuba koronaan qabameef kunuunsa akkamiitu godhamuu qaba?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. **Jechoota roga "A" jala jiraniif hiikaa wal fakkaataa kanneen roga "B" jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A	B
1. dhaquu	A. dhibee
2. dhukkuba	B. hafuura fudhachuufi baasuu
3. harganuu	C. dhorkuu
4. dhiqachuu	D. qulqulleeffachuu
5. ittisuu	E. deemuu

Jechoota jecha kenname waliin deemuu danda'u dubbisa armaan olii keessaa barbaaduun barreessi.

Fakkeenya,

Dhukkuba **koronaa**

1. mataa _____
2. harka _____
3. haguuggii_____
4. qaama _____
5. qufaa _____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. **Keeyyata itti aanee jiru dubbisuudhaan qabxiilee armaan gadii irratti yaadannoo qabadhu.**

- maalummaa dhukkuba ‘hiv/ eedsii’
- karaa ittiin daddarbu
- miidhaa isaa

Dhukkukni HIV/ Eedsii dhukkuba daddarbaadha. Kan daddarbus saal-qunnamtii of eeggannoo hinqabneen, meeshaalee qara qaban waliin fayyadamuun, tuttuqqaa dhiigaan, harma haadhaan ta’uu nidanda’a. Dhukkubni kun madinummaa qaamni namaa uumamaan qabu hubuudhaan dhibee biraatiif nama saaxila. Kanaafuu, dhibee kanarraa of eeguun mataa ofii, maatiifi biyya ofii baraaruun barbaachisaadha.

B. **Yaadannoo dubbisa dubbiste keessaa qabatte daree keetiif dubbisi.**

Barannoo 5: Caasluga

Gochibsa

Gochibsi jecha gochima ibsu. Hima keessatti gochima dura gala. Kan inni ibsus akkaataa, yeroofi bakka raawwii gochimaa ta’uu danda’a.

Fakkeenya, Tamaam saffisaan hojjate.

Hima kana keessatti jechi **saffisaan** jedhu gochibsa ta’a. Akkaataa Tamaam itti hojjate ibsa.

Gilgaala 9. Gochibsoota himoota armaan gadii keessa jiran jala sarari.

1. Biliseen kokkolfaa dubbatti.
2. Gammachuun ganamaan dhufe.
3. Bashaatuun haguuggattee rafti.
4. Inni suuta barreessa.
5. Fardi colleen ariitiidhaan fiiga.
6. Fiixaan barsiisaa dhaggeeffachaa barreessa.

Barannoo 6: Afoola

Jechama

Hiika jechamoota armaan gadii ilaali.

a. Nyaara haaddatte: **safuu kan hinbeekne**
b. Garaa bal'ata: **obsa qaba**
c. Nyaara guure: **dallane**

Gilgaala 10

A. **Jechamoota roga "A" jala jiran hiika isaanii roga "B" jala jiran waliin walitti firoomsi.**

A	B
1. Afaaniifi funyaan.	A. dhoksaan
2. Dugdaafi garaa.	B. dhiyoo
3. Culullee foon argite.	C. arjaadha
4. Horii facaasa.	D. jarjartuu
5. Harka wayyaa jalaa.	E. hiyyeessa
6. Harka qalleessa	F. faallaa walii

B. **Jechamoota armaan gadiif hiika isaanii barreessi.**

1. Gaaddidduu hinqabu _____
2. Ibiddi baheef._____
3. Harka qabe_____
4. Dhadhaa na obaafte _____
5. Bishaan taate _____
6. Quba of ciniine _____

BOQONNAA 5: SHEEKKOO

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu




Gilgaala 1. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Sheekkoo naannoo keetti himamu maalfaa beekta?
2. Fakkii armaan olii kanarraa maal hubattu?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti.

Itti fufanii osuma deemanii re'een _____keessa _____ funaannachaa deemti. Leenci garuu waan _____ tokkollee hin qabu ture. Osuma deemaa jiranii _____ guddaa tokko bira ga'an. Laga kanas, _____ salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, anniisaa ittiin _____ce'u waan dhabeef dadhabe.

Gilgaala 3. Sheekkoo dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Leenciifi re'een maal hojjechuuf waliin mariyatan?
2. Leenci maal jedhee re'eef kakate?
3. Leenci maaliif utaalee laga ce'uu dadhabe?
4. Kakuukan diige re'eemoo leenca?
5. Dubbisa dhaggeeffatte kanarraa maal hubatte?
6. Sheekkoo dhaggeeffatte irra deebi'uun hiriyyaa keetti himi.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyadhaa.

1. Sheekkoo waa'ee sangoota sadiifi waraabessaa dhageessee beektaa? Wanta beektan walitti himaa.
2. Fakkii armaan oliirraa wanta hubattan ibsaa.

Gilgaala 5. Dubbisa armaan gadii dubbisaa gaaffilee kennaman deebisi.

1. Sangoota meeqatu waliin jiraachaa turan?
2. Bifni sangoota waliin jiraachaa turanii maalfa'i?
3. Jalqabarratti sangaa isa kamtu nyaatame?

Sangoota Sadiifi Waraabessa




Bara durii, sangoonni sadii bosona keessa waliin jiraatu turan. Bifni isaanii adii, diimaafi gurraacha. Sangoota sadan gidduu waliigalteefi jaalala cimaatu ture. Tokkummaan jiraachuudhaan diina ofirraa **faccisu**. Kanarraa kan ka'e, diinni isaan **miidhuuf qaawwa** argachuu hindandeenye. Waliigalteefi tokkummaan isaanii kunis diinota isaanii hinaafsise.

Gaaf tokko, waraabessi **mala** ittiin gargar isaan baasee nyaatu barbaaduu eegale. Sangoota diimaafi gurraacha ofitti waamee, "Maal isin akkamitti isa adii kana wajjin jiraattu? Bineensi bifa isaa kanaan **fagootti** isin argee dhufee isin nyaachuu waan danda'uuf ofirraa adda baasaa," jedheen.



Isaanis, dhuguma itti himaa jira, **se'anii** hiriyaa isaanii kan bara hedduu waliin jiraatan ofirraa adda baasuun kophaatti isa **hambisan**.



Waraabessichis sangicha isa adii kophaatti argatee nyaate.




Guyyaa lammaffaa ammoo, sangaa isa gurraachaan, “Sangaa isa diimaa kanarraa yoo adda baate malee, bineensi fagootti argee isin nyaachuu danda’a,” jedheen.



Sangaan gurraachis sangaa isa diimaa iraa adda of baase.



Haala kanaan, waraabessichi sangoota sadanuu qophaa qophaatti argatee tokko tokkoon isaanii nyaatee fixe jedhama.



Gilgaala 6

Dubbisicharratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Sangoonni sadan haala kamiin jiraachaa turan?
2. Waraabessichi mala akkamiitiin sangoota sadan nyaachuu danda'e?
3. Ergaa ijoon sheekkoo kanaa maal?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. **Jechoota roga "A" jala jiran hiika galumsaa isaan dubbisa olii keessatti qaban roga "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsi.**

A	B
1. mala	A. halaala
2. faccisuu	B. hubuu
3. fagoo	C. tooftaa
4. miidhuu	D. ittisuu
5. qaawwa	E. karaa/ulaa
6. se'uu	F. itti fakkaachuu/yaaduu

B. Akka fakkeenya kennameen jechoota jecha kenname waliin deemuu danda'an barreessi.

Fakkeenya.

a. Tokkummaa- ***qabaachuu, dhabuu, jibbuu, jaallachuu*****.....**

b. Biqiltuu ***- dhaabuu, cabsuu, buqqisuu, kunuunsuu*****....**

1. mala - _____, _____, _____, _____
2. sangaa-_____, _____, _____, _____
3. adda - _____, _____, _____, _____
4. kophaa--_____, _____, _____, _____

C. **Jechoota armaan gadiin hima ijaari.**

Fakkeenya,

Nyaate = *Waraabessi sangoota gowwoomsee* ***nyaate****.*

1. Kophaa _____
2. Fixe _____
3. Tokkummaa _____
4. Diina _____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Qabxiilee armaan gadii fayyadamuun seenaa jireenyaa kee keeyyata tokkoon barreessi.

- Maqaa kee
- Maqaa abbaafi haadha kee
- Bara dhalootaa kee
- Umrii kee
- Bakka dhalootaa kee
- Bara itti barnoota jalqabde
- Maqaa mana barnootaa kee
- Sadarkaa kutaa kee
- Hawwii gara fuulduraaf qabdu

Fakkeenyaaf,

Maqaan koo _____ jedha-
ma. Abbaa koo Obbo _____fi haadha koo Aadde
_____ irraa bara _____ godina _____
aanaa _____ ganda _____tti dhaladhe . Akkuma
umriin koo barnootaaf gaheen, bara …… … ……. ……mana
barnootaa…… ……. jedhamutti galmaa'e……..

Barannoo 5: Caasluga

Gaalee

Gaaleen jechoota waliin yaa'uun/ qindaa'uun hiika yaadrimee tokko kennu.

Fakkeenyaaf, *sangaa diimaa, waraabessa hamaa, nama dheeraa, sa'a aananii…*

Jechoonni armaan olii walitti qindaa'uun hiika yaadrimee tokko kennan kunniin **gaalee** jedhamu. Gaaleen jechoota lama ykn isaa olirraa kan ijaaramu ta'ee, kan akka qaama tokkootti waliin socho'aniifi hiika yaadrimee tokko bakka bu'anidha. Gaaleen jechoota qaama gaalee ta'an mataafi miiltoo irraa ijaarama. Mataan gaalee yeroo hunda hafuu kan hindandeenyeefi akaakuu gaalee kan murteessudha. Haala kanaan, akaakuu gaalee kan jedhaman gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa fa'i.

Fakkeenya,

Aadde Baaccuun mana bal'aa bareedaa gaara jalatti ijaarte.

mana bal'aa:	*gaalee maqaa*
bal'aa bareedaa:	*gaalee maqibsaa*
gaara jalatti;	*gaalee durduubee*
mana bal'aa bareedaa ijaarte:	*gaalee gochimaa*

Gilgaala 9. Himoota armaan gadii keessatti akaakuu gaalee jala sar-aramanii himi.

1. **Obbo Dagaagaan** saffisaan deemaa jira.
2. Sangaan Obbo Galgaloo **laga qarqaratti** kufe.
3. Roobasheen mana dhakaa **ijaarrattee jirti**.
4. Aadde Bashaatuun wandaboo **adii weeccaa** bitatte.

Barannoo 6: Afoola

Sheekkoo



Leencaafi Waraabessa

Bara durii leencaafi waraabessatu waliin jiraatu ture. Leenci sangaa qaba. Waraabessi immoo, sa'a qaba. Isaanis dabareedhaan walii tiksaa turan. Guyyaa tokko, gaafa dabaree leencaa, sa'i waraabessaa dhalte. Leenci

waatii dhalatte fudhachuu barbaadee dil'uu sa'attii fuudhee randa sangaasaatti dibe. Waraabessaa waamee, "Sangaa kootu dhale," jedheen. Sana booda, wal lolanii bineensota jaarsummaa waammatan. Bineensonni hunduu dhufanii qamaleen hafte. Kanaafuu, jaarsummaa guyyaa biraatti beellamatan. Guyyaa beellama kanaa qamaleen beekaa turtee dhufte. Oggaa isheen dhuftu, bineensonni kuun odaa jalatti walgahanii jiru. Leencis qamaleedhaan, "Jaarsummaa koo tuffatteeti moo maaliif turte?" jedheen. Qamaleenis, "Lakki gooftaa! Tuffadhee osoo hinta'in lafa baqaqe tokko otoon suphuun ture," jetteen. Leencichis, "Lafti nisuphamaa? Maaliif sobda?" jedhe. Qamaleenis, "Sangaan nidhalaa?" jettee muka kortee jedhama.

Gilgaala 10. Sheekkoo asii oliirratti hundaa'uun yaada sirrii ta'een, "Dhugaa" yaada sirrii hintaaneen, "Soba" jechuun deebisi.

1. Waatiin dhalatte kan waraabessaati.
2. Sa'attiin gaafa dabaree leencaa dhalte.
3. Gaafa jalqabaa bineensonni hunduu jaarsummaarratti argamaniiru.
4. Guyyaa beellamaatti qamaleen dursitee dhufte.
5. Dhumarratti qamaleen murtii sirrii kenniteetti.

BOQONNAA 6: TURIIZIMII

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



Gilgaala 1. Gaafilee asii gadiirratti hiriyaa kee waliin mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Naannoo keesanitti iddoowwan hawwata turiizimii ta'an maalfaa beektaa?
2. Fakkiin armaan olii hawwata turiizimii biyyi keenya qabu keessaa kami jettanii yaaddu?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa yaada sirrii ta'een "Dhugaa" kan sirrii hintaaneen "Soba" jechuun deebisi.

1. Harri Wancii godina Shawaa Bahaa keessatti argama.

2. Dhaabbanni Turiizimii Addunyaa gandoota turiizimii 175f beekkamtii kenne.
3. Hara Wancii dabalatee Afriikaarraa gandoota sadiitu filataman.
4. Harri Wancii hawwata turiizimii wantoota taasisan keessaa tokko teessuma lafa isaati.
5. Dhaabbanni Turiizimii Addunyaa magaalaa Madiriiditti yaa'ii gaggeesse.

Gilgaala 3

A. Yaadolee dubbisa dhaggeeffatte irraa argatte irratti hundaa'uun gaaffiilee asii gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Afrikaa keessaa ganda turiizimii ta'uun biyyoota filataman keessatti kan hinhammatamne kami?

   A. Itoophiyaa B. Burundii

   C. Keeniyaa D. Ruwaandaa

2. Naannoo Hara Wanciitti sochiilee ispoortii geggeeffaman keessaa kan dubbisicha keessatti ibsame isa kami?

   A. Eeboo darbachuu B. Farda gulufuu

   C. Fiigicha D. Tulluu koruu

3. Ganda turiizimii ta'anii filatamuuf gandoota meeqatu kaadhimamee ture?

   A. 44 B. 174 C. 75 D. 3

4. Walgahii turiizimii magaalaa Maadiriditti ademsifame irratti biyyoota meeqatu dorgommiif dhiyaate?

   A. 44 B. 174 C. 75 D. 3

5. Harri Wancii akka ganda turiizimiitti bara kam filatame?

   A. 2018 B. 2020 C. 2021 D. 2022

B. Gaaffilee armaan gadiirratti lama lamaan mariyachuun deebii keessan afaaniin dareef ibsaa.

1. Dubbisa dhaggeeffatterraa maal hubatte?
2. Biyya keenya keessatti bakkeewwan bebbeekamoo hawwata turiizimii ta'an kunuunsuun dhalootaaf dabarsuuf maaltu godhamuu qaba?

Barannoo 2: Dubbisuu


Gilgaala 4. Deebii gaaffilee gadii erga dhuunfaan hojjattee booda, hiriyyaa keetti himi.

1. Masaraawwan bebbeekamoo biyya keenyaa keessaa kamfaa beekta?
2. Waa'ee Masaraa Abbaa Jifaar waan beektu hiriyaa keetti himi.

Gilgaala 5. Dubbisa kanaa gadii callisaafi saffisaan dubbisaa deebii gaaffilee asii gadii barreessuun deebisi.

1. Masaraan Abbaa Jifaar walakkeessa magaalaa Jimmaarraa hammam fagaata?
2. Masaraan Abbaa Jifaar bara kam ijaarame?
3. Masaraan Abbaa Jifaar ogeessa lammii biyya kamiin ijaarame?
4. Ijaarsa Masaraa Abbaa Jifaariif hawaasni Jimmaa maal gumaache?
5. Ijaarsa Masaraa Abbaa Jifaariif baasiin bahe hammami?

Masaraa Abbaa Jifaara




Masaraan Abbaa Jifaar naannoo Oromiyaa godina Jimmaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa keessatti argama. Masaraan kun lafa **olka'aa** bakka Jireen jedhamurratti ijaarame. Jireen **walakkeessa** Magaala Jimmaarraa kiiloomeetira torba, Hospitaala Jimmaarraa immoo kiiloomeetira sadii fagaatee argama.

Masaraan Abbaa Jifaar bara 1880 ogeessa lammii biyya Hindiitiin ijaarame. Meeshaaleen ijaarsa masarichaaf **oolan** tokko tokko biyya Hindiirraa akka dhufan himama. Ijaarsa masarichaatiif baasiin warqee gara 400kg fi maallaqa yeroo sanaa Maartireezaa 65,000tti tilmaamamutu itti bahe jedhama. Hawaasni Jimmaa **killeefi** xuubii walitti qabuun ijaarsa masarichaaf akka oolu **gumaachee** ture. Meeshaalee biyya alaarraa dhufan keessaa kan kallattiiwwan afuriin masaricharraa bubbeefi qilleensa ittisu yeruma sana dhaabbate. Kunis yeroo ammaa masaraa kana gara **fuulduraa** irratti argama.

Akkaataan ijaarsa masaraa kanaa qulqullina olaanaa yeroo sanaa waliin deemu kan guutedha. **Mooraa** masarichaa keessa dirreen taphaa hojjattoonni Abbaa Jifaar irratti taphataniifi **iddoo** mootiin taa'ee **daawwatu** jira. Akkasumas, masjiidni dhiiraafi dubartootaa qofaa qofaatti ijaarame. Lamaanuu, bakka Quraana itti qara'an ofkeessaa qaba. Abbaan Jifaaris yeroo dheeraaf teessoo mootummaa isaa godhachuun itti tajaajilamaa ture.

Gilgaala 6. Gaaffilee armaan gadii yaada dubbisa oliirratti hundaa'uun akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Yaadni dubbisa kana keessatti hinargamne kami?
   A. Seenaa dhalootaa Mootii Abbaa Jifaar
   B. Akkaataa ijaarsa Masaraa Abbaa Jifaar
   C. Gargaarsa biyya alaa
   D. Gumaacha hawaasni Jimmaa ijaarsa masarichaaf taasise.
2. Yaadni keeyyata lammaffaa keessatti hinibsamne kami?
   A. Bara hundeeffama masarichaa
   B. Baasii ijaarsa masarichaaf bahe
   C. Wantoota mooraa masarichaa keessa jiran
   D. Lammii biyya alaa masaricha ijaare
3. Ijaarsa masarichaa ilaalchisee maal dinqisiifatte?
4. Masaraa mootummoota Itoophiyaa kan masaraa kanaan walfakaatu kam beekta?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota saanduqa jala jiraniif hiika galumsa dubbisa keessaa kan ta'u kanneen saanduqa keessa jiran keessaa filuun walitti firoomsi.

fayyaduu	hanqaaquu	kennuu
dallaa	ilaaluu	bakka

1. daawwachuu_____
2. iddoo _____
3. mooraa _____
4. ooluu _____
5. gumaachuu _____
6. killee _____

B. Jechoota roga "A" jala jiran hiika faallaa isaanii roga "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

A	B
1. olka'aa	A. moggaa
2. ijaaruu	B. duuba
3. walakkeessa	C. gabaabaa
4. fuuldura	D. dhiibuu/ciisaa
5. dheeraa	E. diiguu

C. Hiika galumsaa jechoonni himoota armaan gadii keessatti jala muraman qaban barreessi.

Fakkeenya:

i. Dhugaasaan muka mure**.** (*muka kutuu/jigsuu)*

ii. Abbaan seeraa seera mure. (*murtii kennuu)*

1. Hojiin nama tokko tokkoo nama guba.
2. Ibiddi yoo tuqan nama guba.
3. Mooraa masaraa Abbaa Jifaar keessaa ba'anii yoo gara Ba'aatti deeman, lafa dhiibuu guddaatu argama.
4. Taasisaan humna isaa ol waan arge hunda dhiibuu jaallata. Xuubiin walitti qabamee ijaarsa manaatiif oole.
5. Caalaan waan dhukkubsateef mana barnootaa irraa oole.

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. **Himoota armaan gadii walqabsiisuun keeyyata tokko ijaari.**

a. Bakkeewwan Turiizimiif oolan biyya tokkoof madda galiiti.

a. Biyyoota baay'etu itti fayyadama.

b. Biyyoota kanneen keessaa tokko Itoophiyaadha.

c. Bakkeewwan turiizimii Itoophiyaan dhimma kanaaf itti fayyadamu hedduudha.

d. Isaan keessaa, masarawwan, holqawwan, gaarreen, paarkiiwwaniifi harawwan akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

e. Bakkeewwan kunneenis, naannoolee adda addaa keessatti argamu.

B. **Mata dureewwan armaan gaditti siif kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata gabaabaa tokko barreessii hiriyoota daree keef dubbisi.**

a) Masaraa Kumsaa Marodaa
b) Seenaa Kaawoo Xoonaa
c) Masaraa Atsee Faasil
d) Siidaa Aksuum
e) Seenaa Dallaa Jogol
f) Daagaa Koonsoo

Barannoo 5: Caasluga

Gilgaala 9. Fakkeenya kenname ilaaluun jechoota kennaman dhamjechootatti qoqqoodi.

Fakkeenya,

a) Namoota = nama -oota
b) Kitaabilee = kitaaba -lee

1. sangoota _____
2. jabbiilee_____
3. saroota _____
4. gaaffilee _____
5. hoolota _____

Barannoo 6: Ogwalaloo

Gilgaala 10. Walaloo asii gadii dubbisuun deebii gaaffilee itti aananii jiranii barreessuun deebisi.

Uumamaan badhaatuu

Jannata lafarraa

Lakkaa'amee hindhumu

Uumamni kee Aayyaa

Dachee too Itoophiyaa

Irri kee **faayamee**

Tulluufi mukkeeniin

Sululaafi dirreen

Haraafi laggeeniin

Ija nu quubsita

Adda kee bareenni.

Keessi kees badhaadhee

Guutee jira albuunni

Seenaa hedduu qabda

Dubadhus yoom dhuma

Deessee too yaa ulfoo

Haadha goota kumaa..

(Walaloo sirbaa Isqiyaas irraa fooyya'ee fudhatame)

1. Toora 6ffaa keessatti jechi ***'kee'*** jedhu eenyuun agarsiisa?

   A. Itoophiyaa

   B. Dachee

   C. Haroo

   D. Sulula

2. Hiikni gaalee 'Sululaafi dirree' jedhuu maali?

   A. Lagaafi bishaan

   B. Haroofi laga

   C. Bu'aa ba'ii

   D. Albuudaafi bishaan

3. Akka walaloo kanaatti kan dhugaa ta'e kami?

   A. Itoophiyaan qabeenya uumamaan badhaatuudha.

   B. Itoophiyaan albuuda waan hinqabneef rakkatti.

   C. Waa'ee lakkoofsa ummataa dubbata.

   D. Seenaan Itoophiyaa hinbaramne.

4. Hiikni jecha ***'faayame'*** jedhuu maali?

   A. Miidhame


   B. Hedduu

   C. Mudhuke

   D. Miidhage

BOQONNAA 7: FALMII

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



Gilgaala 1. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun waan hubattan afaaniin dareef ibsaa.

1. Fakkiin armaan olii maal agarsiisa isinitti fakkaata?
2. Falmii gaggeessitanii beektuu?
3. Falmiin akkamitti gaggeeffama?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee kanaa gadii deebisi.

1. Falmii keessatti namoota ittiin falminu amansiisuuf maal gochuu qabna?
2. Falmiin adeemsifamuuf maaltu jiraachuu qaba?
3. Falmii gaggeessuuf eenyufaatu filatama?
4. Gaheen abbaa murtii maal?

Gilgaala 3. Garee lamatti qoodamuun yaadota armaan gadiirratti falmii gaggeessaa.

a) Daldaluurra barachuu wayya.

b) Barachuurra daldaluuwayya.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Falmii armaan gadii callisaafi saffisaan dubbisaa gaaffilee dhiyaatan deebisi.

a. Maqaan barattoota falmii gaggeessanii eenyu?
b. Bu'aa turiizimii deeggaruun eenyutu falme?
c. Miidhaa turiizimii deeggaruun kan falme eenyu?

Bu'aa moo miidhaa turiizimiitu caala?

Boontuu: Abdii, akkam oolte? Har'a waa'ee maalii barattanii?

Abdii: Har'a waa'ee turiizimii baranne.

Boontuu: Turiizimiin ammoo bu'aa maalii qaba jetteeti?

Abdii: Boontuu, hindogoggorin. Turiizimiin bu'aa hedduu qaba.

Boontuu: Akka kootti garuu, bu'aa isaarra miidhaa issatu caala.

Abdii: Akkamitti akkas jechuu dandeesse? Turiizimiin

> bu'uuraalee misoomaa akka babal'atu taasisuudhaan guddina dinagdee biyyaa keessatti gahee ol'aanaa taphata. Daandiin turiistoonni irra deemanii daawwatan nihojjetama. Riqichi ni'ijaarama. Hoteelli isaan keessa bulan ni'ijaarama. Kana malees, namoota hedduuf carraan hojii akka uumamu taasisa.

Boontuu: Wanti ati jettu dhugaadha. Haata'u malee, bu'aa isaarra

miidhaa turiizimiin dinagdeerratti fidutuu caala. Fakkeenyaaf, wantoota turiistoota hawwatan mijeessuuf, daandiifi riqicha hojjachuuf, hoteela ijaaruuf jecha baasii guddaatu baha. Kun immoo, dinagdee biyyaa miidha.

Abdii: Gowwaa hinta'in. Waa argachuuf maallaqa baasuun dirqama ta'uu hindagatin. Galiin turiistoota irraa argamu salphaa miti. Tajaajila geejjibaa turiistootaaf kennamuuf konkolaachistoonni isaan deddeebisan galiin argatan biyya tokko guddisuu keessatti tumsa guddaa qaba.

Boontuu: Wanti ati jettu kun hunduu hamma tokko dhugaadha. Garuu, turiistoonni bakka daawwachuuf deeman san balfaafi wantoota itti fayyadaman irratti gatuun nifaalu. Kun immoo, fayyaa lubbu qabeeyyii gaaga'a. Gama aadaatiinis yoo ilaalle, aadaa naannoo daawwachuuf deemanitti kan ofii makuu danda'u. Kun immoo, aadicha faaluun asilummaa dhabsiisa.

Abdii: Boontuu, ammallee wanti siif hingalle waan jiru natti fakkaata. Wanti tokko ofeeggannoon yoo hinraawwatamne, akkuma faayidaa qabu miidhaas niqabaaata. Turiizimiinis akkasuma. Of eeggannoon itti fayyadamnaan garuu bu'aan isaa daran ol'aanaadha.

Boontuu: Ani akkana hinseene. Amma naaf galee jira. Abdii, galatoomi.

Gilgaala 5

A. Falmii armaan olitti dubbistan irratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Falmichi eenyuufi eenyu gidduutti gaggeeffame?
2. Falmii gaggeeffame keessatti eenyutu ragaa amansiisaa dhiyeesse sitti fakkaata?
3. Falmicha eenyutu injifate?
4. Ati yaada isa kam deeggarta? Maaliif?

B. Lama lama ta'uun Abdiifi Boontuu bakka bu'uudhaan falmii gaggeessaa.

Yaadannoo

Falmii keessatti

- Yaadaan malee namaan mormuun sirrii miti;
- Nama dhuunfaa hamilee tuquun dhorkaadha.
- Yaadota falmiif gargaaran walitti qabuun duraa duubaan qindeessinee dhiyeessuu qabna.
- Tartiiba eeganee yeroo eeyyamame qofa fayyadamuun yaada keenya dhiyeessuu qabna.

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 6. Jechoota roga "A" fi "B" jala jiran kanneen waliin deeman walitti firoomsi.

Fakkeenya, kunuunsa naannoo

A	B
1. kunuunsa	A. dinagdee
2. bu'uuraalee	B. madaalawaa
3. gahee	C. naannoo
4. guddina	D. qulqulluu
5. nyaata	E. misoomaa
6. bishaan	F. ol'aanaa

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 7. Jechoota armaan gaditti siif kennamaniin hima ijaari.

Fakkeenya,

misooma = Turiizimiin misooma biyya tokkoo nideeggara.

1. misooma
2. dinagdee
3. bu'aa
4. miidhaa
5. balfa
6. faaluu
7. tajaajila

Barannoo 5: Caasluga

Durduubee

Gilgaala 8. Fakkeenya kenname bu'uura godhachuun himoota keessatti durduubeewwan jala sararii agarsiisi.


Fakkeenya,

a. Galgaloon mana jala ciise.
b. Bulchaan gara mana barnootaa deeme.
c. Gugeen mukarra qubatte.

1. Kitaabichi sanduuqa keessa jira.
2. Tolaan abbaa isaa booda deema.
3. Caaltuun haadha ishee wajjin deemte.
4. Qamaleen damee mukarraa kufte.
5. Galaaneen obboleessa ishee cinaa teessi.

Barannoo 6: Afoola

Faaruu Loonii



Ururuu yaa loonii (2)

Kan si qabu boonee

Kan si dhabe booyee

Gogaan itillee ta'a

Kan irra rafanii

Gaafti waancaa ta'a

Kan itti dhugani

Kotteen shiinii ta'aa

Kan bunaan dhuganii

Loontu aannan qabaa

Aannantu dhadhaa qabaa

Dibatan midhagsoo

Dhugan qabbaneessoo…..

Gilgaala 9. Faaruu loonii armaan oliirratti hundaa'uun gaaffilee armaan gaadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Akka faaruu kanaatti gogaarraa maaltu hojjetama?
   A. waancaa
   B. itillee
   C. uffata
2. Gaafa loonii irraa maaltu hojjatama?
   A. itillee
   B. waancaa
   C. shiinii
3. Akka faaruu kanaatti waancaan maaliif fayyada?
   A. itti nyaatama
   B. irra rafama
   C. itti dhugama
4. "Dhugan qabbaneessoo" yemmuu jedhu, maaltu dhugama?
   A. dhadhaa
   B. aannan
   C. foon
5. Kottee looniirraa maaltu hojjetama?
   A. shiinii
   B. waancaa
   C. aannan

BOQONNAA 8: FAYYADAMA TEEKINOOLOOJII

Gilgaala 1. Gaaffii armaan gadii afaaniin deebisi.

Moobaayila fayyadamtee beektaa? Yoo fayyadamtee beekta ta'e, dhimma maaliif itti fayydamte?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota asiin gadii guuti.

1. Moobaayilli_____ keessaa isa tokkoofi _____.
2. Of eeggannoon yoo itti hinfayyadamne bu'aa isaarra _____ isaatu caala.
3. Araanni kun ammoo, miidhaa akka _____, _____, sammuun adooduu, _____, rakkoolee currisaafi hawaasummaaf nama saaxiluu danda'a.

Gilgaala 3

A. Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffiilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Moobaayilatti haala kamiin yoo fayyadamne araada nu qabsiisuu danda'a?
2. Miidiyaalee hawaasaa kanneen jedhaman isaan kam fa'i?
3. Araadaan akka hinqabamneef akkamitti itti fayyadamuu qabna?

B. Yaada armaan gadiirratti lama lamaan falmii gaggeessaa.

1. Moobaayilli miidhaa isaarra faayidaa isaatu caala.
2. Moobaayilli faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffiilee asii gadii afaaniin deebisi.

1. Naannoo keetti namoota badhaafaman beektuu? Yoo nibeektu ta'e, maal hojjatanii badhaafaman?
2. Namni tokko badhaasa argachuuf maal gochuutu irraa eegama?

Gilgaala 5. Dubbisa dhiyaate callisaafi saffisaan dubbisaa gaaffiilee asii gadii barreessuun deebisi.

1. Caaltuun barattuu kutaa meeqaati?
2. Umriin Caaltuu waggaa meeqa?
3. Maqaan harmee Caaltuu eenyu?
4. Haati Caaltuu maaliif moobaayila bitaniif?
5. Barsiisonni ishee maaliif Caaltuu jaallatu?

Caaltuufi Moobaayila Ishee



Caaltuun barattuu cimtuudha. Umriin ishee waggaa kudha afuri.Kutaa saddeet baratti. Caaltuun yeroo hunda ganamaan kaatee ciree qopheessiti. **Qooda** ishee erga nyaattee booda, maatii isheef keessee gara mana barnootaatti **qajeelti**. Yeroo ishee qoqqooddee itti fayyadamti. Kanaafuu, gaaf tokkollee **barfattee** mana barnootaa dhaqxee hinbeektu. Yeroodhaan daree seenti. Hojii manaa kennamuufis yeroo hunda sirriitti hojjattee argamti. Kanaaf, barsiisotni hunduu baay'ee ishee jaallatu. Haati Caaltuu, Adde Beektuunis, mucayyoo ishee baay'ee waan jaallattuuf, moobaayila bareedduu tokko bitteef. Akka seeraan qabattuufi yeroo ishee barbaachisu qofa maatiitti bilbilattu gorsite. Kanaaf, Caaltuun moobaayila ishee **akka lubbuutti qabatti**; hiriyyoonni isheellee akka tuqan hinbarbaaddu. Yeroo ijoolleen daree ishee miidiyaa hawaasaa kanneen akka feesbuukii, yuutuubiifi kan kana fakkaatan akka fayyadamtu itti himan **hindhageessu**.

Walumaagalatti, Caaltuun gorsa harmee ishee kan dhageessuufi barsiisota biratti kan jaallatamtudha. Moobayila bitameefis waan bu'aa qabu qofarra oolchuun wantoota **araada** namatti ta'an hundumaarraa of eeggattee fayyadamti. Sababa kanaan, Caaltuun barattuu cimtuufi jaallatamtuu taate.

Gilgaala 6

A. Dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa", kan sirrii hinta'in ammoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Caaltuun barattuu qaxaleedha.
2. Caaltuun yeroo hedduu guyyaafattee mana barnootaa deemti.
3. Caaltuun yeroo hundumaa miidiyaa hawaasaatti nifayyadamti.
4. Aadde Beektuun Caaltuuf yeroo moobaayila bittuuf, akkamitti akka fayyadamuu qabdu akeekkachiistee jirti.

5. Miidiyaalee hawaasaa fayyadamuun miidhaa malee faayidaa tokkollee hinqabu.

B. Gaaffilee armaan gadii yaada dubbisa dubbistee irratti hundaa'uudhaan barreeffamaan deebisi.

1. Yaanni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Ergaa dubbisa armaan olii maali?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. **Jechoota dubbisa armaan olii keessaa bahanii roga "A" jalatti kennaman hiika faallaa isaanii roga "B" jala jiran walitti firoomsi.**

A	B
1. cimtuu	A. fokkiftuu
2. ganama	B. soba
3. keessa	C. ala
4. bareedduu	D. galgala
5. dhugaa	E. gajjallaa
6. bituu	F. muraasa
7. baay'ee	G. dadhabduu
8. gararraa	H. gurguruu

B. **Hiika galumsaa jechoonni himoota armaan gadii keessatti jala sararaman qaban barreessi.**

Fakkeenya,

Caaltuun qooda ishee eega nyaattee booda maatii isheef keessee gara mana barnootaa deemti. qooda = gahee

1. Caaltuun gaaf tokkollee barfattee mana barnootaa dhaqxee hinbeektu.
2. Caaltuun moobaayila ishee akka lubbuutti qabatti.
3. Caaltuun ijoolleen moobaayilaishee akka tuqan hinbarbaaddu.
4. Caaltuun yeroo ijoolleen moobaayila ishee irratti miidiyaa hawaasaa akka fayyadamtu itti himan hindhageessu.
5. Caaltuun moobaayila ishee akka lubbuutti qabatti.

C. **Jechoota kennaman walitti fiduun jecha biroo ijaari.**

Fakkeenya,

a. Saree + diida = sardiida
b. Mataa + dura = mata duree

1. saba + lammii =_____
2. muka + tumaa =_____
3. harree + diida =_____
4. nama+tolchuu = _____
5. lubbuu + qabaachuu=_____
6. roga + sadii = _____

Yaadannoo: Jecha tishoo

Jechi tishoo jecha jechoota lamaafi lamaa olirraa ijaaramu. Jechoonni walitti dhufuun jecha tishoo yommuu ijaaran hiika duraan qofaa qofaatti qaban gatuu danda'u; hiika biroo kennu jechuudha. Jechoonni jechi kun irraa ijaaramu yommuu walitti dhufan daangaa walitti dhufeenya isaanii irratti sagalee ofirraa haquun tokko ta'u.

Fakkeenya,

saree + diida = sardiida

Barannoo 4: Barreessuu

Keeyyata barreessuu

Gilgaala 8

A. **Keeyyata armaan gdii dubbisi.**

Moobaayilli faayidaalee hedduu qaba. Faayidaalee isaa keessaa inni jalqabaa qunnamtiif ooluudha. Namoonni wal irraa fagoo jiran karaa moobaayilaa waliin dubbatu. Akkasumas, waliif barreessuudhaan ergaa waliif dabarsu. Kanneen beellama qabanis sa'aatii beellama isaanii irratti guutuudhaan akka yaadachiisu taasisu. Kana malees, moobaayilli haala addunyaan irra jiru baruuf nama gargaara. Fakkeenyaaf, namni moobaayila qabu karaa feesbuukiifi yuutuubiin odeeffannoo wayitawaa argachuu nidanda'a. Kanaafuu, moobaayilli kallattii baay'een nama fayyada jechuun nidanda'ama.

B. **Keeyyata armaan olii fakkeenya godhachuun qabxiilee kennaman fayyadamuun miidhaa moobaayilli qabu irratti keeyyata tokko barreessi.**

- araada namatti ta'uu,
- yaadaan akka badan nama taasisuu,
- daree barnootaa irraa nama hambisuu,
- sammuu nama adoochuu,
- sammuu nama dhiphisuu,
- rakkoolee currisaafi hawaasummaaf nama saaxiluu

Fakkeenya,

Moobaayila ofeeggannoon fayyadamuu baannaan miidhaalee hedduu namarraan gahuu danda'a. Isaan keessaa inni tokko araada nama qabsi-isuu isaati. …….

C. **Xalayaa hiriyaaf asii gaditti barreeffame fakkeenya godhachuun hiriyaa keef xalayaa barreessii dareef dubbisi.**

Guraandhala 11,2022

Barattuu Dammituu Jaallataa

Mana Barnootaa Jireen Lakk.2

L.S.P. 43

Jimma

Haliimaa Daddafoo

Magaalaa Naqamtee

LSP 5845

Naqamtee

Jaallatamtuu hiriyyaa kiyya Haliimaa Daddafoo, attam jirta? Nagaa keetii? Warri kee martinuu nagaadhaa? Anis, maatiin koo hundumtuu nagaadha.

Xalayaan ati naaf barreessite kaleessa na qaqqabe. Xalayaa kee irraa haala qilleensa Magaalaa Naqamtee hubadheen jira. Magaalaan Naqamtee baddaa waan ta'eef, akka bokkaan roobullee naaf kaafteetta. Sitti haa tolu, bareedduu koo.

Hiriyyootaafi warra keetti nagaa koo naaf himi. Hamma wal arginutti nagaatti naaf turi.

Hiriyyaa kee

Dammituu Jaallataa

Barannoo 5: Caasluga

Hima Salphaafi Hima Dachaa

Yaadannoo

Hima salphaa: Hima salphaa kan jedhamu hima gocha tokko qofa agarsiisu. Kana jechuun, himni salphaan gochima tokko qofa qaba jedhuudha.

Fakkeenya: Barattoonni Afaan Oromoo baratu.

Hima dachaa: Hima dachaa kan jedhamu hima gocha lamaafi isaa ol agarsiisu. Gochima lamaafi lama ol qaba jechuudha.

Fakkeenya: Barattoonni sirriitti qo'atanii qabxii olaanaa galmeessisan.

- Himni salphaas ta'e himni dachaa ciroo of danda'aa qofa irraa ijaarama.

Fakkeenya,

a. Beekaan bishaan dhuge.

b. Obbo Guddataan mucaa magaala bareedaa qaba.

c. Haati laaqana qopheessiti; ijoolleen nitaphatu.

d. Bultuun suuqii deemtee kophee bitattee galte.

Himoonni 1ffaafi 2ffaan himoota salphaa yemmuu ta'an 3ffaafi 4ffaan ammoo, himoota dachaadha.

Gilgaala 9

A. **Himoonni asii gadii hima salphaa yookaan hima dachaa ta'uu isaanii adda baasuun barreessi.**

1. Caaltuun intala cimtuudha.
2. Tolashiin ganamaan kaatee Finfinnee deemte.
3. Obbo Tulluun sangaa gurraacha furdaa tokko bitate.
4. Barsiistuun nibarsiisti; barattoonni nibaratu.
5. Eebbiseen haala gaariin qorannoo ishee gaggeessite.
6. Harreen nihalaaka; fardi nihimimsa.

B. **Himoota salphaa shaniifi himoota dachaa shan barreessii dareef dhiyeessi.**

Himoota salphaa

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Himoota dachaa

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Barannoo 6: Afoola

Sheekkoo

Gilgaala 10. Sheekkoo asii gadii erga dubbistee booda, deebii gaaffilee itti aananii jiranii deebisi.

Ilmoo Hantuutaafi Adurree





Gaaf tokko ilmoon adurreefi ilmoon hantuutaa wajjin taphachaa oolan. Galgala ilmoon hantuutaa waan irra oolte haadha isheetti himte. "Kan har'a wajjiin taphachaa oole dabbasaan ishee nama marara; ijjiifi eegeen ishee namatti tola" jette. Haati hantuutaa ilmoo adurree ta'uu bartee, baayyee naate. Kana booda,"Kan sanyii keenya fixe sanyii isaaniiti; lammata wajjiin hintaphatin," jetteen.

Ilmoon adurrees bifuma walfakkaatuun eenyu waliin akka taphachaa oolte haadha isheetti himte. Yoo ibsitus, "Eegeen ishee qal'aa dheeraadha; miilli ishee gabaabaadha; garaadhaan waan deemtu fakkaatti. Fuulliifi ijji ishee nama marara," jetteen. Haati adurrees, ilmoo hantuutaa ta'uu hubattee, "Sanyiin ishee soorata keenya; boru qabii nyaadhu," jetteen. Guyyaa itti aanu ganama ilmoon adurree ilmoo hantuutaa waamtee," Koottu nitaphannaa" jetteen. Ilmoon hantuutaas, "Kan haati kee sitti himte haati koos natti himtee jirti," jettee didde jedhama.

1. Qooddattoonni sheekkoo dubbistee isaan kami?
   A. ilmoo adurree
   B. ilmoo hantuutaa
   C. haadhoo adurree
   D. hunduu deebiidha.
2. Ilmoon hantuutaa ilmoo adurree arguu ishee kan haadha isheetti himte yeroo kami?
   A. ganama
   B. galgala
   C. guyyaa
   D. hinbeekamu
3. Ilmoon adurree kan ilmoo hantuutaa waamte yoomi?
   A. ganama
   B. galgala
   C. guyyaa
   D. hinbeekamu
4. Ilmoon hantuutaa ilmoo adurree waliin taphachuu maaliif didde?
   A. tapha ilmoo adurree waan jibbiteefi.
   B. diinummaa ilmoo adurree waan barteefi.
   C. iddoo tapha isaanii waan jijjiirameefi.
   D. haati ilmoo adurree waan dhoowwiteefi.

Yaadannoo: Caacculee Sheekkoo

Cacculeen sheekkoo dhimmoota ijaarama sheekkoo tokkootiif oolani. Isaanis, qooddattoota, yoomessa, jaargochaafi kanneen kana fakkaatan ta'u.

Qooddattoota: Hirmaattota seenaa/sheekkoo tokkooti. Bineensota, namoota, beeyladootaafi kanneen kana fakkaatan ta'uu malu.

Yoomesssa: Yeroofi bakka seenaan sheekkoo/durdurii itti hojjatame.

Jaargocha: Akkaataa seenaa itti ijaarame kan agarsiisu.

Jechibsoo

Afoola: Beekumsa ykn falaasama hawaasaafi kanneen kana fakkaatan dhalootaa dhalootatti afaaniin darbaa dhufedha. Fakkeenyaaf, hibboo, mammaaksa, durdurii..

Beellada: Horii manaa jechuudha.

Bineedda: Jechoota Bineensaafi Adda jedhurraa kan ijaarame ta'ee , hiikni isaas bineensa biyya tokko qofa keessatti argamu jechuudha.

Bineeldota: Jechoota Bineensaafi Beellada jedhanirraa kan uumamedha.

Caasluga: Jechoota Caasaafi Luga jedhanirraa kan ijaarame ta'ee caasaa lugaa irratti kan xiyyeeffatudha.

Fayyadama jechootaa: Akkaataa jechi tokko hawaasa keessatti hiika itti qabaatu (Fakkeenyaaf, hiika kallattii, hiika dhokataa, hiika galumsaafi kanneen kana fakkaatan)

Gochima: Jecha gocha himu yookaan agarsiisudha.

Hiika galumsaa: Hiika jechi tokko haala keessatti dubbatame yookaan barreeffame keessatti qabu jechuudha.

Maqaa dhuunfaa: Maqaa namni tokko, bakki tokko, lagni tokkoofi kanneen kana fakkaatan dhuunfaan ittiin waamamanidha.

Maqaa waliinii: Maqaa namni, wanti, bakkiifi kanneen kana fakkaatan waliin ittiin waamamanidha.

Maqibsa: Hima keessatti jecha maqaa booda galuun waa'ee maqichaa odeeffannoo dabalataa kan kennudha.

Sagalee dheeraa: Jecha keessatti sagalee dubbachiiftuun akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan dhufu yoo ta'e sagalee dheeraa jedhama.

Sagalee gabaabaa: Jecha keessatti sagalee dubbachiiftuun akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan hindhufne yoo ta'e sagalee gabaabaa jedhama.

Sagalee irra butaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaa akaakuu adda addaa walitti aanee kan dhufu yoo ta'e sagalee irra butaa jedhama.

Sagalee jabaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaan akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan dhufuyoo ta'e sagalee jabaa jedhama.

Sagalee laafaa: Jecha keessatti sagalee dubbifamaan akaakuu tokkoo lama walitti aanee kan hindhufne yoo ta'e sagalee laafaa jedhama.